

# TARKAANFIIN ITTI AANU maal innii?

**1. Jalqabbii mana barnootaa irratti:**

Walitti dhufeenya Maatiif jecha barsiisaa daa'ima keetii waliin wal argi. Walbaruuf carraa isa guddaa argachuu qabduu dha.

+ Yoo daa'imti kee sadarkaa barnootan duraa yookin kunuunsa daa'imaa keessa ta'e, odeeffannoo ati kennaa barnootaa duraa irraa argatte hiruu kee hubadhu maaloo.
+ Dbalataanis odeeffannoo qorannaa waa'ee daa'ima keetii tarii ati qabdu kam iyyuu hiruu hubadhu.

**2. Jalqaba ji'a Sadaasaa irratti:**

Adeemsa WaKIDS keessa waa'ee daa'ima keetii isheen/inni maal akka baratan barsiisaa daa'ima keetii gaafadhu.

Barsiisaa/stuu gaaffilee kanneen akka kanaa gaafadhu:

+ Waan daa'imti kiyya akka gaariitti hojjechuu danda'uu maal barattee?
+ Hujii kutaa barnootaa keessatti raawwatame gargaaruuf ani mana keessatti maal hojjechuun danda'aa?

## Qabeenyaalee:

Weeb saaytii WaKIDS
www.k12.wa.us/WaKIDS

"Of Beeksisuu!" Barullee qajeelfama walitti dhufeenya maatii haasaa walii irrattii
https://bit.ly/2HH88Sk

Qajeelfamoota Baruumsa Duraa fi Guddinaa Mootummaa Washington, Kutaa 3ffaa keessa darbee kan dhalatu
https://bit.ly/39RcMt0

Amala yeroo baayy'ee gara oolmaa daa'immanii keessa seenuu fi WaKIDS dhaan madaalaman
https://bit.ly/3bTsCFk

Sadarkaalee Qulqullinaa WaKIDS fi Mootummaa Washington State
https://bit.ly/2SPNshw

Washington State Department of Children, Youth, and Families

WaKIDS | Washington Kindergarten Inventory of Developing Skills

360-725-6161

**fuul durri ifaan daa'ima keetii as jira.**

Oolmaa daa'immanii *muuxannoo guddaa* daa'ima keetif nu waliin hojjechuu keetif galatoomi.

2013
13-0032



# oolmaa daa'immanii seenuun

siif daa'ima keetif argannoo baay'ee barbaachisaa ta'ee dha.

## kanaafuu ati AFFEERRAMTEE jirta

... sagantaa *ce'umsa* daa'ima keetii gara *dagaaginaa* mana baruumsaa keessatiif qophaa'e irratti akka hirmaattu.

Baga gara waan raajii **WaKIDS** kana nagahaan dhufte



Maal: WaKIDS.

Yoom: Akkuma daa'imti kee oolmaa daa'immanii seene.

Eessatti: Mana barumsaa daa'ima keetii haaraattti.

Maalif: Sababiin isaa waliin hojjechuun, nuti yeroo turtii barachuutif jalqabbii filatamaa uumuu dandeenya.



# WaKIDS

## maal innii?

To'annaa Guddisa Dandeettiwwanii Olmaa daa'immanii Washington (Washington Kindergarten Inventory of Developing Skills) — yookin WaKIDS — adeemsa kanneen itti aananii dha:

- Barattoota fi maatiiwwan isaanii gara oolmaa daa'immaniitti ni simata.
- Cimina barattootaa ni madaala.
- Amalawwan guddinaa fi barachuu daa'immanii kan mana barumsaa keessatti akka milkaa'an isaan godhu irratti mari'achuu.

Kan si caala daa'ima kee beeku tokko illee hin jiru. Ati miseensa garee isa barbaachisaa kan barachuu daa'ima keetii deeggaruuf gargaartu fi laafina hamma danda'ameen ce'umsa gara oolmaa daa'immaniitti taasistuu dha.



**WaKIDS** | Washington Kindergarten Inventory of Developing Skills

## Daandii gara Milkaa'inaa:

**Maatii walitti dhufeenya**

Maatiiwwan fi barsiisotni sii fi daa'ima kee beekuuf sharikummaa uumu.

**walii gala daa'ima madaallii**

Barsiisotni bakka deeggarsi irra caalaatti barbaachisu irratti kaayyeffachuuf cimina daa'immanii addaan baasuu.

**ganamaan barachuu wliin tumssuu**

Barsiisotni oolmaa daa'immanii fi kennitootni barnoota duraa milkaa'ina daa'immanii gargaaruf odeeffannoo qooddatu.

**bu'aan isaa**

Gara milkaa'ina daa'ima keetii mana barnootaa keessaa daandii uumuu.